TOKKUMMAA HUMNOOTA BILISUMMAA OROMIYAA

UNITED LIBERATION
FORCE OF OROMIA

القوات المتحده لتحرير اورميا

Oromoo hidhuu fi ajjeesuun kaayoo fi ajandaa 'Wayyaanee' ti.

Bitootessa 26, 2011

Humniti Shororkeessituu Wayyaanee,"Ummata Oromoo saba woyyaba irraa saba bicuutti deebisuun ni dandayama" ajandaa jedhu baafattee Oromoo lafarraa fixuu erga jalqabdee as, har'a woggaa 20 ta'ee jira.

Hidhaa fi ajjeechaan dhiheenna kana Oromoo qofa qophaatti footee, jimlaan adamsaa jirtullee, itti-fufiinsa diinummaa addaa kan woyyaaneen Oromoof qabdu kana ragaa baha.

Tooftaalee Woyyaaneen Oromoo lafarraa fixuuf baafattee waggaa 20 ol hujii irra oolchaa jirtu gari-garii walyaadachiisuun, Oromoota hanga har'aatuu kaayoo fi ajandaa diinummaa kan woyyaaneen Oromoof qabdu hin hubatiniif illee barnoota guddaa kenna jennee amanna.

1. Oromoo beelaan ajjeesuu
2. Oromoo rasaasaan ajjeesuu
3. Oromoo reebicha uleetiin ajjeesuu
4. Oromoo mana hidhaa keessatti tortorsanii ajjeesuu
5. Lagaa fi lafa Oromoon ittiin jiraatu summeessuun Oromoo dhukkubaan ajjeesuu
6. Saboota ollaa Oromiyaa jiraatan qawwee itti hidhuun Oromoo irratti duulchisuu
7. Oromoota hidhaa fi ajjeechaa woyyaanee jalaa baqatanii biyyoota ollaatti dahannoo argatan adamsuun ajjeesuu/ajjeesisuu; dimshaashaan moonaa baqataa keessatti gubuu
8. Oromoota akka tasaa shira woyaanee kana hundarraa hafan, qe'ee handhuurti akaakuu isaanii itti awwaalamte hundarraa buqqisuun, biyya oromoo alagaa baar-gamaatiif kennuudhaan,qabeenyuma Oromootiin Oromoo irratti diina biroo bituu, daboo diinummaa baafachuu
9. Lagaa fi lafa Oromoo kan yaroof ofii dhuunfachuu hin dandeenye ibdiddaan gubuun naannoo jireenna ummata Oromoo barbadeessuu
10. Imaammata barnootaa kan addaa Oromoo irratti baasuudhaan, Oromoon doofummaa jalatti hafee ergamaa aangawoota fi gabricha sooreyyii Tigree akka ta'u godhuu

Walumaa galatti, tooftaaleen asii olitti ibsaman kun martuu, imaammatta Woyyaaneen "Lakkoofsa ummata Oromoo woyyaba irraa saba bicuutti gad-buusuuf" baafattee Oromoo lafarraa ittiin fixaa jirtu ta'uu, waggaa 20 ol, ragaa qabatamaan addunyaa guutuu fuulduratti mul'iftee jirti.

Oromoota kumaatamaan lakkaa'aman mana hidhaa keessatti uggurtee, kan dhiiraa qaama dhiirummaa isaa kolaasaa, tan dubartii humnaan gudeedaa, qaama oromoo ibiddaan waxalaa oromoo lafarraa fixaa jirti.

Dhaabbiin mirga namoomaatiif falmatan fi keessa beektoonni Woyyaanee illee osoo hin hafin, duula duguuggaa-sanyii kan Woyyaaneen ummata Oromoo irratti adeemsisaa jirtu kana ragaa bahuudhaan, "manneen hidhaa impaayerattii keessatti argaman Afaan Oromoo dubbatu. Harki 90% hidhamtootaa Oromoo dha" jechuun mirkaneessanii jiru.

Akkuma nu hunduu hubannu jabeennaafii gaachenni Oromoon qabaataa ture lafa handhuuraa isaa irra jiraachuu danda'uudha. Ardha garuu, Orommoon kumaatamaan lakkaa'amu maqaa misoomaatiin lafa isaa irraa doorsisa rasaasaa fi afaan qaawweetiin buqqifamee dalagduu alagaa ta'ee argama.

> **Qorannaan dhiheenna kana godhame akka ibsutti duulli Oromoo hundeen balleessuuf adeemsifamu kun, lafti Oromoo 2500 sqk/m doolaara US $245 qofaan ganna 50'f alagaaf akka kennamaa jirtu addeessa. Tooftaa akkasii kanaan, Oromoon qe'ee isaa irraa buqqifamee biyya keessaafii alattis baqataa ta'ee jiraachaa jira.**

Oomishni humna ummata Oromootiin lafa alagaan saamame kanarraa oomishamullee biyya alaatti waan gurguramuuf Oromoon waanuma humna isaatiin oomishe irraa agabee beelaaf saaxilamee jira.Qaamaa fi lafeen goggoduun Oromoo beelaan waxalamaa jiruu, tooftaa Mallasaan dhoortoo ittiin fuunaannatu ta'ee jira. Horoon/ mallaqni oomisha humna oromootiin oomishame irraa argameellee kiisa 'Mallasiifii namoota' isa fakkaatuutti gala. Dhoortoon qaamaa fi lafee Oromoo beela'ee addunyaatti mul'isuun fuunaanamullee galaa woraana woyyaanee ta'uun tooftaalee Oromoo ittiin lafarraa fixan keessaa tokko ta'ee jira.

Haata'u malee 'Mallasiifii Mootummaan' isaa dhaadhessaa haala Impaayerattii saniitiin wal hin fakkaanne biyya alaatti oofu. Tolchaafii misooma guddaa Impyaayeratti sanitti akka waan godhaa jiraniitti addunyaafii ummata faca'ee ala qubate (diaspora) jiraatutti himu. Mee waan isaan godhaa jiran garii haa xiinxallinu:

- **Olola Impaayerattii dimokraatessuu jedhu:**

Wooyaaneen, tooftaa kanatti fayyadamuudhaaan, saboota Oromoo wajji jiraatan itti fakkeessitee,bulchiinsa gandaa keessatti ramaduun ummata oromootiin walitti isaan buusaa jirti. Kun mala Woyyaaneen ummatoota biroo ummata Oromootiin walitti buusuuf baafatte qofa osoo hin taane; akka oromoon saba biirootiin walitti bu'uu sodaatee biyya isaa keessatti usee nama jalatti bulu karaa itti cufuun, Oromoon mirga isaatiif akka hin falmanne mala itti yaadamee godhame.

Tooftaa kanaan, maqaa fedaraalaa (federalism) jedhuun nama kaayoo fi ajandaa Woyyaanee sirritti fiinxa baasu Oromiyaa irratti muuddee, qabeennaa ummataa saamaa, mirga ummataa ukkaamsaa jirti.

Oromoota tooftaa Woyyaanee kana hin hubatin baatii lamaaf (yoo baaya'ate ji'a jahaaf) meeshaa godhatanii erga oromoo saamaniin booda, gaafa isaan hubatan mana hidhaatti guuruun diinummaa addaa kan woyyaaneen oromoof qabdu qulqulleessee ibsa.

-Afoolleessaa/ malaamaltummaa balleessuu olola jedhu:

Ardha, Impaayerrattii san keessatti namoonni daldala guddaa qabanii fii dalagaa gurguddaa deemsisan 'Tigroota' qofa ta'anii jiru. Akka hubannoofii qorannaa jirutti namni 'Tigree' himatu ardha, takkaa dureessa, yookiin "ogeessa" ta'utti beekkama.

> ***Barruu dhiheenna kana addunyaa guutuuf ifa ba'e keessatti, daldallan maqaa haadha manaa 'Mallasiin' beekkaman 70 ol ta'uun ragaa qabatamaan akeekamee jira.***

Dhugaa kanarratti hundoofnee yoo laallu, namni yakka saaminsa-oomishaatiin, maqaa Afoolleessaa / malaamaltummaatiin hidhamuu qabu tokkoffaan haadha warraa Mallas fi Mallas osoo ta'uu qabuu Oromoon saaminsa-oomishaatiin jara lamaan caalee/dursee hidhame jechuun waan hin fakkaanne. Faallaa dhugaa lafa jirtuu ta'uu bira dabree, ragaa diinummaa addaa kan Woyyaaneen Oromoof qabdu irra-deddeebi'ee kan nuuf addeessu qofa ta'a.

- **Olola Nagaa naannawaa eeguu:**

Mallas tika naannawa ‘Gaafa Afrikaa’ tii akka nama yaada’uutti addunyatti himuu fedha. Loltuu biyya ‘Somaleetti’ erguufii roorroo gochuun fira mootummoota gurguddoo of godhuu yaalee jira. Kanaaf mootummoonni dhi’aatiifii Walda’a Mootummoota Addunyaa (UN) biratti haga tokko dhageetti argachuun tumsa guddaa ofii uumee jira.

Ammoo dhugaan lafarra jirtu faallaa kanaa mullisa. Barriin haga inni mootummaa irra jiru kana keessa Impaayerattiin sun (Ethiopia) lafa harki caalaan baqataa irraa maddu ta’ee beekkamuun ni hubatama. Irra caalaan baqataa kanaa ammoo ummata Oromo ta’ee argama. Ragaan kana fakkaatu osoo lafa jiruu nama Oromo bilchinna qabu ololli Mallas itti fayyadamu kun nama Oromoo amansiisuu hin dandayu. Haa ta’u malee, kijibni inni itti fayyadamee meeshaa lolaa kan oromoo ittiin lafaarraa fixu ittiin argatu kun nama Oromoo hedduu yaachisuun irra hin jiruu ree..?

Tooftaan diinni Oromoo ittiin balleessuuf baafatee hujii irra oolchaa jiru hedduu ta’uu ragaa qabatamaan arginee jirra. Fuulduralle waanuma kanaan wal-fakkaatuu fi kan caalatti hammaatu arguuf deemna.

Gama moonaa qabsoo Oromootti deebinee yoo laalle, qabsoon bara dheeraa barnootaafii muuxannoo hedduu ummata keennaa keenne jennee amanna. Bara dheeraa gabrummaafii hucuuccaa jala turuun keenna wal qabaataafii cimaansa guddaa nuu kennutu irra ture. Ammoo akka amma garrutti alagaan ammallee taanaan bifuma dur nutti dalgataa dhufeen itti fufaa jira. Oromoo tokko buusee tokko kaasuun, tokko ajjeesee ka biroo bakka isaa buusuun waan dhaabbate hin fakkaatu.

Of duuba deebinee yoo laalle mootonni habashaa wama kana fakkaatu godhaa dhufan. Barriin 70 fii 80 mman keessa mootummaan ‘Dargii’ namoota Oromo ka waa baratan jennee laalluun ummata keenna dhamaasaa turan.

Oromoota akka wal morman, wal dhiibaniifii wal jibban gochuun waan sirna mootummaa ‘Habashaa’ keessatti argaa dhufne. Oromoon kanarraa barnoota argatee waan isaa ofii dhuunfachuun irraa eeggama. Ardhaa waa’een guddaan alagaan nuun arrabsuufii tuffii isaa irratti hundeeffatu wal qabachuufii tokkoomuu dhabuu ilmaan Oromoo ta’e argama. Kun adeemsa qabsoo Oromo keessatti irdhinna guddaa haga hin qabne; dhimma Oromoon hatattamaan furmaata itti argachuu qabu jennee amanna.

Bara 1991 keessa murni ‘Wayyaanee’ waanuma kana fakkaatu lafa kaa’e qabsoo Oromoo cinatti erkise. Oromoonni yaroo san qooda keessaa qaban haala kana guututti hubachuu hin barbaanne yookiin hin dandeenne. Yaroo sanitti wanni isaan yaroofii hiree isaanii itti balleessaa turan wal yakkuu, wal facaasuufii wal balleessuu ture. Bifa kana fakkaatuun qabsaa’ota heddutu magaalaafii baadiyaa keessatti galaafatame.

Woyyaneen bara sanirraa kaasee hanga har’aatuu Oromoo wal-dura dhaabaa, oromoo oromoon dhabamsiisaa as geette. “Aangoo Woyyaanee Oromoo irra tursiisuuf, Oromoo jidduu fi Oromiyaa keessatti lola addaan hin citne oofuun dirqama keennya”tooftaa jedhutti fayyadamtee hanga ammaa jiraataa jirti.

Haa ta’u malee, diinummaa Woyyaaneen Oromoota hundaaf qabdu irraa kan ka’ee, tooftaan Woyyaanee kufee jira. Ardha ‘Wayyaaneen’ miseensota OPDO hidhuufii ajjeesaa jiraachuun kanaaf raga guddaa Oromoon hundi hubatu.

Diinni haga feennelle itti maxxannu waan silaa yaaduufii akeeka isaa ta’e gochuu dhiisuu hin danda’u. Kun barumsa irraa boodaa nuu ta’aa laata…?

Sadarkaa hubannoo fi bilchinna siyaasaa kan adda addaa qabaachuu irraa kan ka’e, hanga tokko yaadaan wal-afoo dhaabatullee, Oromoon uumaanis ta’ee ilaalcha diinni isaaf qabuun tokko jennee amanna. Diinni Oromticha tokko hidhu, yookaan ajjeessu Oromticha birootiif’llee beellama qabachuun isaa hunda keenyaafuu ifa-gala ta’uu qaba. Hidhaa fi

ajjeechaan Woyyaaneen Oromoo qofa qophatti footee (‘amanamtoota woyyaanee’ illee osoo hin hanbisin) Oromoo jimlaan adamsaa jirtu, diinummaa addaa, ilaalcha diinni oromoo hundaaf qabu saaxil baasaa jira.

Akka birootti yoo laalle tarkaanfiin fudhatame kun mootummaan ‘Wayyaanee’ haala ammaan tana biyyoota Afriikaa kaabaa fi Giddu Galeessa bahaa keessatti deemaa jiru irraa sodaa guddaa qabaachuu mul’isa. Yoo haalli kun biyya sanitti argame qoonni Oromoo guddaa ta’utti waan hubattuuf ummata bifa kanaan sodaachisuufii rifachiisuun isii gargaara jechuudha.

Mootummaa ‘Wayyaanee’ haala naanna’a sanitti ta’aa jiru kana xiqqeessuufii hucuucuuf sababaa uumtee namoota silaa bir’attu hidhaa galchuun waanuma eeggamu.

Ammatti xiyyeeffanni isii miseensota OPDO, OPC tiifii OFDM ta’ullee yaroo gabaabaa keessatti jaarma’a saboota biyya san keessatti argamuu hunda dhaqqabuu danda’a. Hunda caalaa ammoo, Oromoonni humna woraanaa fi polisaa keessa jiran shakkamtoota Woyyaaneen akka loonii cancalaan hiitee, yookaan hidhaa fi ajjeechaan doorsiftee of-jalatti bulchuuf tattaafattu ta’uun ifa galaa dha. Oromoon martuu, tooftaa fi adeemsaa diinaa kan yaroo irraa yarotti Oromoo hunda balleessaa jiru kana sirritti gad-fageennaan xiinxalluudhaan, humna diinaa ta’uu irraa of-qusachuun, humna Oromoo ta’uu irratti akka xiyyeeffatu waamicha lammummaa/obbolummaa waliif goona.

Haala bara dheeraaf Woyyaaneen ummata Oromoo irratti adeemsisaa jirtu, keessattuu ammoo ka dhiyeenna kana argame kanarraa “ani hoo waa barachuu danda’aa laata?” gaafii jettu oromoon hundi akka of-gaafatu Oromoo hundaaf dhaamna.

Nama haala akkasii kanarraa waa barachuu danda’u hundaaf, deebiin isaa, “furmaanni Oromoon qabdu qabsoo bilisummaa Oromoo sadarkaa guddatti qindeessuu qofa ta’a” jennee amanna. Kanaaf ammoo, Oromoonni keessaafii alatti wal hubachuufii wal qabachuun murteessaadha. Tokkummaan Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBOn) guututti ilaalcha kanatti amana.

Saaminsaa fi hacuuccaa ummata Oromoo irratti adeemsifamu dhabamsiisuuf, Oromoonni guututti afaan tokkoon dubbachuu qaban. Kana gochuun naamusa cimaafii bilchinna siyaasaa hunda keenyarraa gaafata. Gara garatti faca’uuf akeekaa wal dhiibu irratti yaroo gubuun irree ummata keennaa dadhabsiisa malee, furmaata hin ta’u. Laafinni Irree Oromoo ammoo, firootaafii alagaa birattis Oromoo yoo xiqqeesse malee bu’aa biraa hin qabu. Kana hubachuun akka wal dhiibbaafii wal mormii keenna xiqqeessinu qabsaa’ota Oromootii dhaamsa dabrsina. Xurreen rakkinna ummata keenna ittiin hiknu kana qofa. Kanarratti bobbaanee harka wal qabachuun dirqama seenaa fi ummanni keennallee yaroo hunda nurraa eegu ta’uu of-amansiisuun barbaachisaa dha.

Tokkummaan Humna!

Hidhaa fi ajjeechaan duubatti nu hin deebiftu!

Ummanni Oromoo Ni moo’a!

P.O.Box 21813 Washington DC 20009